BIRKII IBIDDAA SEATTLE

Nageenya Manaa Ibidda Jalaa

Bir'achiisaa Aaraa
- Baqachuu danda'uuf meeshaa aara sakatta'u fi sagalee bir'achiisaa dhageessisu.
- Manni kamii iyyuu yoo xiqqaate bir'achiisaa aaraa tokko sadarkaa hunda irraa qabaachuu qaba.
- Gonkumaa bir'achiisaa aaraa kee keessaa baatirii hin fuudhiin yammuu jijjiirtu malee.
- Bir'achiisaaleen aaraa toko tokko baatiriiwwan jijjiiramuu qaban qabu. Yoo sagalee "ciir" jedhu dhageessise, baatirii jijjiiri.
- Ji'a ji'aan bir'achiisaa aaraa kee yaali akka sagalee bir'achiisu qabu hubachuuf.

Nyaata qopheessu
- Nyaataa bilchaataa jiru dhiistee hindeemiin.
- Stoovii qulqullinaan qabadhu ammas nyaata bilcheessuf qofa itti fayyadami.
- Yoo ibiddi moora irraan ka'e, kan stoovii bobeessu dhaamsi ammas qadaadaan eelee qadaadi. Ibidda irratti bishaan hin naqiin!

O'isuu
- Wantoota hunda sibila mana o'isu irraa fageessi.
- Yammuu deemtu ykn ciisuuf jettu, o'istuu manaa kan harkatti baataman dhaamsi.
- Gonkumaa o'istuu manaa kan harkaa waliin funyoo elektrikaa dheeraa itti hin fayyadamiin.

Faca'iinsa Summii Kaarbon Monoksiidii
- Meeshaaleen toko tokko fi maashiniiwwan, summii kan qabu gaazii ilaalamuu hindandeenye ykn hinfunfatamne uumuu danda'u.
- Wantoota kanatti aanan gonkumaa mana keessatti, garaajii fi bakkeewwan cufaa ta'an, ykn foddaa banaa jiruun alatti hin fayyadamiin: jenereetorii,sibiila kasalaan irratti waadan, stoovii kaampii, konkolaataa ykn injina gaazii.
- Gonkumaa bilcheessaa gaazii mana kee ittiin o'isuuf itti hinfayydamiin, yeroo gabaabaa dhaaf illee ta'u.

Yoo Ibiddi Ka'e —
- Nama hunda baasi.
- Bakka maatiin kee itti walgahu deemi.
- Gargaarsaaf 9-1-1 bilbili.
- Mana ykn ijaarsa gubataa jiru keessatti hindeeb'iin.

Yammuu 911 Bilbiltu—
- 9-1-1 bilbili yeroo hatattamaaf. Ibiddaaf, gargaarsa fayyaa dhaa fi poolisiif itti fayyadami. 9-1-1 bilbiluun walaba.
- Yoo Ingliffa hin haasoftu ta'e, nama afaan jijjiruu argachuuf afaan kami akka haasoftu opiretaratti himuu yaali.
- Hatattama akkamii akka ta'ee fi teesso kee himuuf qophaahi.

Teessoon Kiyyaa:

_____